# xumuura salaata hundatti akkas jechuu hin dhiisin: Yaa Rabbi si yaadachuu, si galateeffachuu fi akka gaariitti si gabbaruu irratti na gargaari

Mu'aaz bin Jabal irraa odeeffame Rabbiin irraa haa jaallatu: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- harka isaa qabanii akkas jedhaniin: «Yaa Mu'aaz Rabbitti kakadhee ani si jaalladha», eegasii akkas jedhaniin: «Siifin Dhaama yaa Mu'aaz xumuura salaata hundatti akkas jechuu hin dhiisin: Yaa Rabbi si yaadachuu, si galateeffachuu fi akka gaariitti si gabbaruu irratti na gargaari».
[sirrii]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- harka Mu'aaz -Rabbiin irraa haa jaallatu- qabanii akkas jedhaniin: Yaa Mu'aaz Rabbitti kakadhee ani si jaalladha, ani siifin Dhaama yaa Mu'aaz xumura salaata hundatti akkas jechuu hin dhiisin: (Yaa Rabbi si yaadachuu irratti na gargaari) jechaa fi gocha gara kheyritti nama dhiheessu hunda keessatti. (Si galateeffachuu irratti) qananiin argamee balaan deebi'uudhaan. (Akka gaariittis Si gabbaruu irratti) Rabbiif dalagaa qulqulleessuu fi Nabiyyii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- hordofuun.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee